| | | |
|---|---|---|
| | **Qajeelcha Poolisii Mineapolis**<br>**Maanuwaalii Imaammataafi Adeemsaa** | Lakkoofsa:<br>9-100 |
| **Jildii Sagal- Raawwii Imaammataa** | | |
| **Hidhaa Gaheessotaa** | | |

## 9-112 Himannaarraa bilisa ta'uu Dippiloomaatotaafi warra Koonsulaari

(05/29/02)

(A)

Seera idila addunyaafi kan federaalaa jalatti, dippiloomaatotniifi hojjettootni qoonistilaa sadarkaa adda addaatti aangoo qaban irratti hundaa'uun mirgoota himannaarraa bilisa isaan godhufi walabummaa dhuunfaa ni qabu(kunis to'atamuurraa bilisa ta'uu, hidhamuurraa bilisa ta'uu, sakatta'amuurraa bilisa ta'uufi kkf.). Haata'u malee walabummaan dhuunfaa kunneen gaafatamummaa Yunaayitiid Isteetisiifi qaamoleen mootummaa nageenya lammiilee eeguuf qaban waliin walmadaaluu qaba. Aanga'oonni Poolisii sochiilee nageenya hawaasaaf balaa hamaa fidan yoo ta'ee ykn yoo to'atamuu baate yakka hamaa hordofsiisa yoo ta'e hanga barbaachisaa ta'etti akka gidduu seenan ni ta'a.

1. Dippiloomaatotni, maatiin isaan jalatti beekamtii qaban, qaamoleen bulchiinsa isaanii jala jiran fi gareen teeknikaa fi maatiin isaanii hunduu to'annoo jala ooluu, hidhaa cimaafi sakatta'amuu namaa, qabeenyaa fi bakka jireenyaarraa walabummaa qabu.

2. Miseensotni damee tajaajilaa mirgoota kana hin qaban, yoo sababa hojii isaanii idileen walqabateen himataman malee. Miseensotni maatii hojjettoota dame tajaajilaas walabummaa ykn mirga kana hin qaban.

3. Miseensotni maatii Dippiloomaatii lammummaa US qabaniis walabummaa ykn mirga himatamuu dhabuu hin qaban. Waahillan waajiraa ykn maatiin isaaniis yoo lammiilee US ta'an ykn hayyama dhaabbiin jiraachuu qabaatan walabummaa ykn mirga himatamuu dhabuu hin qaban.

4. Qondaaltotni Qoonistilaa, maatiin isaanii fi waahillan hojii to'annoo jala ooluu hidhaa cimaa, sakatta'amuufi qabeenyi to'atamuu irraa walabummaa hin qaban. Addatti garuu qondaalli career consular ajajni yakkaan barbaadamuu hanga irratti hin baanetti, walabummaa ni qabaatu.

Ragaan aangoo qabeessi qondaala Dippiloomaatikii ykn Qoonitsilaa haala amansiisaan adda baasu waraqaa eenyummaa Dippaartimant oof Isteetsiitti, waajira pirootokooliin kennameedha. Ragaaleen kan biroo kanneen akka Paaspoortii dippiloomaatummaa biyya ormaa, Viizaa dippiloomaatummaa US, Kaardiiwwan taaksiirraa bilisaa, lakkoofsa gabatee konkolaataa Isteet Dippaartimeentiin kenname dha, garuu guutummaan guutuutti dippiloomaatummaa nama tokkoo hin mirkaneessan. Poolisiin ragaalee eenyummaa ibsan akkasii yeroo dhiyaatuuf shakkamaan walabummaa murtaahe akka qabu hubachuun, dippiloomaatummaa shakkamaa sanaa qulqulleessuuf yaala.

Ajajaan Poolisii haala jiru hordofuuf dabareerra jiru dhimma dippoloomaatotaafi hojjettoota Qoonistilaa ilaallatu irratti odeeffannoon kennamuufi qaba. Ta'iiwwan kunniin kamuu guutummaatti gabaasa CAPRS irratti galmaahuu qabu. Mootummaan federaalaa karaa Isteet Dippaartimenti dippiloomatota biyya ormaa seera yakkaa US cabsan irratti tarkaanfii sirreefamaa fudhachuu danda'a.